

Dambii Deeggarsa Misooma Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 139/2004 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe

Rakkoo hojii dhabdummaa naannichaa keessa jiru hiikuuf tarsiimoowwan carraa hojii uumuu fi misooma interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa walitti hidhuun dameen kun deeggarsa gama hundaan isa barbaachisu akka argatu qaama too'atuu fi kallattii sirreeffamaa kennu hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Fandii addaa mootummaan carraa hojii uumuuf ramadu, deegarsaalee paakeejiiin kennamuu qabaniif fi carraaaleen hojii fi gabaa Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa keessa jiran bu'uura tarsiimichaatiin hojiirraa ooluu isaanii mirkaneessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Deeggarsi Manneen Hojii Mootummaa Naannichaa irraa carraa hojii uumuu ilaachisee kennamu iftoomina, dhaqqabamaa fi haqa qabeessa, akkasumas sirna itti gaafatamummaa kan mirkaneessu akka ta'u hojimaata ifa ta'e diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lak. 199/2008 keewwata 74 (2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waliigalaa**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun “**Dambii Paakeejii Deeggarsa Carraa Hojii Uumuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe Lak. 192 /2009**” jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

- 1) “**Albuuda Ijaarsaa**” jechuun Albuuda ciicata konistiraakshiniif tajaajilu kan akka Imnabaradii, Giraanaayitii, Laayimstoonii, Baazaltii, Cirracha, Ignimbrayitii, Suphee fi kan kana fakkaatu jechuudha.
- 2) “**Albuuda Kabajaa**” jechuun albuuda gatii ol'aanaa qabu ta'ee bifaa jajjaboon yookiin dhangala'aa yookiin gaaziitiin lafa uumamaa irratti yookiin keessatti, bishaan jala yookiin bishaan keessatti kan argamu, haala yookiin jijjiirama ji'ooloojiitiin kan uumame ta'ee, biyyoo kanaan dura qotamee bahee fi albuuda makatee tuulame yookiin haftee tuulama albuudaa keessatti argamu kamiifyuu ta'ee kuufama albuudaa kan dabalatu jechuudha.
- 3) “**Biirroo**” jechuun Biirroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaati.

- 4) “**Carraa Hojii Uumuu**” jechuun lammii dandeettii hojjachuu osoo qabu sababa adda addaatiin gara hojiitti hin seenne damee hojii dhaabbii yookiin yerootti bobbaasuu jechuudha.
- 5) “**Carraa Hojii Yeroo**” hojii interpiraayizii yookiin dhaabbilee kamiiyyuu keessatti yeroo turtii waggaan tokko hin caalleef kan ittiin qaxaraman keessatti hojjatanii fi kaffaltiin isaa peerooliidhaan ta’e jechuudha.
- 6) “**Carraaa Hojii Dhaabbii**” jechuun hojii Interpirayizii maayikiroo fi xixiqqaan yookiin dhaabbilee kamiiyyuu keessatti dhaabbiidhaan qaxaramanii yeroo waggaan tokkoo fi isaa oliitiif keessatti hojjatamu jechuudha.
- 7) “**Daldala**” jechuun hojiiwan daldalaa seera Daldala Itiyoophiyaa keessatti tarreeffaman jechuudha.
- 8) “**Deeggarsa Kallattii**” jechuun gosa deeggarsaa maallaqaan yookiin gosaan namoota miidhaa qaamaa dachaa qabanii fi sababa umuriitii fi dhiveetiin hojjatanii galii argachuu hin dandeenyeef sadarkaa maatiitti erga galmaa’anii calalaman booda fayyadamaa sagantaa wabii nyaataa akka ta’an gochuuf kennamu jechuudha.
- 9) “**Ejensii**” jechuun Ejensii Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa Oromiyaa jechuudha.
- 10) “**Fayyadamaa**” jechuun nama sagantaa wabii nyaataa magaalaatiin sadarkaa maatiitti galmaa’ee calalamee sagantaalee xixiqqaan deeggarsa kallattii, hojii hirmaannaa hawaasaa fi fooyya’iinsa jireenyaa keessatti hirmaatu jechuudha.
- 11) “**Gamtaa Interpiraayizotaa**” jechuun gurmaa’ina interpiraayizonni maayikiroo fi xixiqqaan sadarkaa irra jiraniin akkaataa akaakuu hojii isaaniitiin miseensa shanii fi isaa ol ta’aniin faayidaa waliinii eegsisuuf gurmaa’e jechuudha.
- 12) “**Hojii Dhabaa**” jechuun nama umriin isaa waggaan 18 hanga 60 gidduu jiru ta’ee, dandeettii fi fedhii hojii osoo qabuu hojii yookiin madda galii dhaabbataa ta’e kan hin qabnee fi hiyyummaa keessa kan jiraatu jechuudha.
- 13) “**Hojii Interpiraayizii Maayikiroo**” jechuun:
  - a) Industirii irratti kan bobba’an yoo ta’e, hojiilee kanneen akka maanufaakcharingii fi konistiraakishinii kan hammatu ta’ee, maatii isaa dabalatee miseensota hanga nama 5 qaxaree kan hojjachiisuu fi qabeenya waliigalaa qarshii 100,000.00 hin caalle kan qabu jechuudha.
  - b) Tajaajila irratti kan bobba’an yoo ta’e, tajaajiloota kanneen akka daldala qinxaaboo, geejibaa, hoteelaa fi turizimii, teeknoolojii odeeffannoo fi tajaajila suphaa kan hammatu ta’ee, maatii isaa dabalatee miseensota hanga nama 5 qaxaree kan hojjachiisuu fi qabeenya waliigalaa qarshii 50,000.00 hin caalle kan qabu jechuudha.

14) “**Hojii Interpiraayizii Xixiqqaa**” jechuun:

- a) Industirii irratti kan bobba'an yoo ta'e, Interpiraayizii xixiqqaa damee maanufaakcharingiitiin alaa, konistiraakshinii fi kan kana fakkaatan irratti kan bobba'ee fi namoota 6 hanga 30 qaxaree kan hojjachiisuu fi qabeenya waliigalaa qarshii 100,001.00 hanga miliyoona 1.5 kan qabu jechuudha.
- b) Tajaajila irratti kan bobba'an yoo ta'e, hojiilee akka daldala qinxaaboo, geejjiba, hoteelaa fi turizimii, teeknoolojii odeeffannoo fi tajaajila suphaa fi kan kana fakkaatan kan hammatu ta'ee, namoota 6 hanga 30 qaxaree kan hojjachiisuu fi qabeenya waliigalaa qarshii 50,001.00 hanga 500,000.00 kan qabu jechuudha.

15) “**Koree Istiiringii**” jechuun koree manneen hojii qaamota raawwachiiftuu keessaa walitti babahuun raawwii karoora carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa guyyaa guyyaan hordofu, deeggarsa kennuu fi hanqinaalee mul'atan adda baasuun mana maree sadarkaa sadarkaan jiran deeggaruu fi hojii raawwatameef gabaasa mana mareef dhiyeessu jechuudha.

16) “**Mana Maree**” jechuun Mana Maree Paakeejii Deeggarsa Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa sadarkaa sadarkaan gurmaa'an jechuudha.

17) “**Mootummaa**” jechuun mootummaa naannoo Oromiyaa ti.

18) “**Paakeejii Deegarsaa**” jechuun deegarsaalee adda addaa mootummaadhaan Interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaaf kennaman kan akka leenjii, liqii, iddo oomishaa fi gurgurtaa fi walitti hidhamiinsa gabaa fi kana fakkaatan jechuudha.

19) “**Qaama Raawwataa**” jechuun qaama karoora fi raawwii hojii carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa sadarkaa sadarkaan jiru yeroo yeroon hordofu, deeggaruu fi qaama dhimmi ilaallatuuf gabaasa raawwii hojii dhiyeessu jechuudha.

20) “**Qonna**” jechuun hojiilee qonna kan akka oomisha midhaanii, horsiisa beeladaa, misooma bosonaa fi kan kana fakkaataan magaalaan yookiin baadiyyaa keessatti haala aadaa yookiin ammayyaatiin Interpiraayizootni Maayikiroo fi Xixiqqaan irratti bobba'an jechuudha.

21) “**Tajaajila Indastirii Ekisteenshinii**” jechuun tajaajila rakkolee Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa adda baasuu fi fedhii irratti bu'uureeffachuun ragaalee guutuu ta'an qindeessuu fi raabsuu, leenjii fi gorsa kennuu, teeknoolojii misoomsuu, walitti dabarsuu, muuxannoo gaarii qindeessuu, raabsuu fi kan kana fakkaatan kennuu kan hammate jechuudha.

22) “**Waldaa Daldalaa**” jechuun waldaa akkaataa seera Daldalaa Itiyoophiyaa keessatti hiika kennameef kan qabu jechuu dha.

23) “**Wirtuu Kenniinsa Tajaajila Iddoo Tokkoo**” jechuun caasaa Ejensichaa isa gadii ta'ee, Interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaadhaaf tajaajila adda addaa iddo tokkotti kan kenu jechuudha.

### **3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun Interpiraayizii Damee Maanufaakchariingii xixiqqaa osoo hin dabalatin, interpiraayizota maayikiroo fi xixiqqaa naannicha keessatti hundeffamanii qaama seerummaa argatan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

### **4. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

#### **Kutaa Lama**

#### **Hundeffama, Aangoo, Hojii fi Itti Waamama Manneen Maree**

### **5. Hundeffamaa fi Itti Waamama**

- 1) Manni Maree Paakeejii Deeggarsa Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa ol'aantummaan hoogganu kanaan booda "**Mana Maree**" jedhamee kan waamamu sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalaa, Kutaa magaalaa, Aanaa, Ganda Magaalaa fi Baadiyyaatti hundeffamee jira.
- 2) Itti waamamni Mana Maree Naannoo, Godinaa, Magaalaa, Aanaa fi Ganda akkaataa walduraa duuba isaanitiin Pirezidaantii Naannichaatiif, Bulchaa Godinaa, Kantiibaa Magaalaa, Bulchaa Aanaa fi Bulchaa Gandaatiif ta'a.

### **6. Miseensota Mana Maree Naannoo**

Manni maree naannoo miseensota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Pirezidaantii ----- Walitti qabaa;
- 2) Itti Aanaa Pirezidaantii ----- Itti Aanaa Walitti qabaa;
- 3) Hoogganaa Biirroo Misooma Magaalaa fi Manneenii ----- Miseensa;
- 4) Hoogganaa Biirroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa ----- Miseensa;
- 5) Hoogganaa Biirroo Barnootaa ----- Miseensa;
- 6) Hoogganaa Biirroo Dhimmoota Kominikeeshinii Mootummaa ----- Miseensa;
- 7) Hoogganaa Biirroo Misooma Qabeenya Beeyladaa fi Qurxummii ----- Miseensa;
- 8) Hoogganaa Biirroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee ----- Miseensa;
- 9) Hoogganaa Biirroo Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa ----- Miseensa;
- 10) Hoogganaa Biirroo Bishaan, Albuudaa fi Inarjii ----- Miseensa;
- 11) Hoogganaa Biirroo Daldalaa fi Misooma Gabaa ----- Miseensa;
- 12) Hoogganaa Biirroo Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii ----- Miseensa;
- 13) Hoogganaa Biirroo Dhimma Dargaggootaa fi Ispoortii ----- Miseensa;
- 14) Hoogganaa Biirroo Haqaa ----- Miseensa;
- 15) Hoogganaa Biirroo Eegumsa Fayyaa ----- Miseensa;
- 16) Hoogganaa Biirroo Aadaa fi Turizimii ----- Miseensa;
- 17) Hoogganaa Biirroo Konistraakshinii----- Miseensa;
- 18) Hoogganaa Biirroo Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa ----- Miseensa;
- 19) Hoogganaa Biirroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa ----- Miseensa;

- 20) Daarektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Galiiwwaanii ~~~~~ Miseensa;  
 21) Daarektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Daandiiwwanii ~~~~~ Miseensa;  
 22) Daarektara Ol'aanaa Abba Taayitaa Geejjibaa ~~~~~ Miseensa;  
 23) Daarektara Ol/Abbaa Taayitaa Too'annoo Dhaabbilee Misoomaa Moo/~ Miseensa;  
 24) Daarektara Ol'aanaa Ejensii Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa ~~~~~ Miseensa;  
 25) Daarektara Ol'aanaa Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa~ Miseensa;  
 26) Daarektara Ol'aanaa Ejensii Misoomaa fi Babal'ina Industirii ~~~~~ Miseensa;  
 27) Daarektara Ol'aanaa Abbaa Taayitaa Misooma Bunaa fi Shaayii ~~~~~ Miseensa;  
 28) Daarektara Ol/Abbaa Taayitaa Ee/Naannoo, Bosonaa fi Ji/Qilleensaa ~ Miseensa;  
 29) Komishinara Komishinii Karoora fi Misooma Diinagdee ~~~~~ Miseensa;  
 30) Komishinara Komishinii Investimantii ~~~~~ Miseensa;  
 31) Da/Ol/Ejensii Ca/Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Mag/~ Miseensaa fi Barreessaa;  
 32) Daarektara Ol/Dhaabbata Misooma Bosonaa fi Bineensota Bosonaa ~~~ Miseensa;  
 33) Bakka Bu'oota Yunivarsiitiwwan naannicha keessatti argamanii ~~~~ Miseensa;  
 34) Bakka Bu'aa Waldaalee Abbootii Qabeenyaa ~~~~~ Miseensa;  
 35) Bakka Bu'aa Gamtaa Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa ~~~~~ Miseensa;  
 36) Bakka Bu'aa Waldaa Daldala Fi Seektaraa ~~~~~ Miseensa;  
 37) Hojii Gaggeessaa Waldaa Aksiyona Liqii fi Qusannoo ~~~~~~ Miseensa;  
 38) H/Gaggeessaa Wal/Aksiyona Dhiyeessii Faayinaansii Maashiin Liizii ~ Miseensa;  
 39) Bakka Bu'aa Damee Humna Ibsaa Naannichaa ~~~~~~ Miseensa;  
 40) Bakka Bu'aa Damee Telekomunikeeshinii Naannichaa ~~~~~~ Miseensa;  
 41) Hooggantoota Federeeshinoota Dubartootaa fi Dargaggootaa ~~~~~ Miseensa;  
 42) Dura Taa'aa Waldaa Dubartootaa ~~~~~~ Miseensa;  
 43) Dura Taa'aa Waldaa Dargagootaa ~~~~~~ Miseensa;  
 44) Bulchaa Godinaa; Kantiibaa Mag/Muummee fi Magaalaa Ol'aanaa ~~~Miseensa;  
 45) Abbootii amantaa, Dhaabbilee maayikiroo faayinaansii biroo fi namoota  
     beekamoo akkaataa barbaachisetti affeerraadhaan.

## **7. Miseensota Mana Maree Godinaa, Magaalaa fi Aanaa**

Miseensotni Mana Maree sadarkaa Naannoo Dambii kana keewwata 6 jalatti tarreeffaman akkaataa caaseffama isaanitiin Mana Maree Sadarkaa Godinaa, Magaalaa fi Aanaatiifis raawwatiinsa ni qabaata.

## **8. Miseensota Mana Maree Ganda Baadiyyaa**

Manni marichaa miseensoota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Bulchaa ~~~~~~ Walitti Qabaa;
- 2) Itti Aanaa Bulchaa ~~~~~~ Itti Aanaa Walitti Qabaa;
- 3) Maanaajara ~~~~~~ Miseensa;
- 4) Bakka Bu'aa Misooma Baadiyyaa fi Qonnaa ~~~~~~ Miseensa;

- 5) Dura Bu'aa Mana Barnootaa ~~~~~ Miseensa;
- 6) Bakka Bu'aa Buufata Fayyaa ~~~~~ Miseensa;
- 7) Bakka Bu'aa Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa ~~~~~ Miseensa;
- 8) Bakka Bu'aa Waldaa Aksiyonna Liqii fi Qusannoo ~~~~~ Miseensa;
- 9) Bakka Bu'aa Waldaa Dubartootaa fi Dargaggootaa ~~~~~ Miseensa;
- 10) Qindeessaa Wiirtuu Kenniinsa Tajaajila Iddoo Tokkoo ~~~ Barreessaa fi Miseensa.

#### **9. Miseensota Mana Maree Ganda Magaalaa**

Manni marichaa miseensota armaan gadii ni qabaata:

- 1) Bulchaa ~~~~~ Walitti Qabaa;
- 2) Maanajara ~~~~~ Miseensa;
- 3) Itti gaafatamaa Dhimma Diinagdee ~~~~~ Miseensa;
- 4) Itti gaafatamaa Dhimma Hawaasummaa ~~~~~ Miseensa;
- 5) Itti gaafatamaa Bulchiinsaa fi Nageenyaa ~~~~~ Miseensa;
- 6) Itti gaafatamaa Kominikeeshinii ~~~~~ Miseensa;
- 7) Bakka Bu'aa Waldaa Aksiyonna Liqii fi Qusannoo ~~~~~ Miseensa;
- 8) Bakka Bu'aa Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa ~~~~~ Miseensa;
- 9) Bakka Bu'aa Wiirtuu Leenjii Teeknika fi Ogummaa ~~~~~ Miseensa;
- 10) Bakka bu'aa Waldaa Dubartootaa fi Dargaggootaa ~~~~~ Miseensa;
- 11) Qindeessaa Wiirtuu Kenniinsa Tajaajila Iddoo Tokkoo ~~~ Barreessaa fi Mieensa.

#### **10. Aangoo fi Hojii Manneen Maree Sadarkaa Sadarkaan Jiranii**

Manni Maree sadarkaa sadarkaan jiru akkaatuma qabatama sadarkaa isaatiin aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Imaammataa fi Tarsiimoowwan carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa magaalotaa hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; raawwii karoora ni gamaaggama; rakkowwan raawwii keessatti mul'ataniif kallattii furmaataa ni kaa'a;
- 2) Qindoominni qaamolee mootummaa adda addaa dhimma carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa magaalotaa irratti gahee qaban akka cimu ni taasisa;
- 3) Carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa magaalotaa mirkannessuun walqabatee teeknolojii fi paakeejiiwwan deeggarsaa qaamolee raawwachiiftuu fi dhaabbilee deeggarsatiin kennaman hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni gamaaggama;
- 4) Deeggarsi Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa fi fayyadamtoota wabii nyaataa magaalootaaf kennamu karaa haqa qabeessa ta'een raawwatamuu isaa ni gamaaggama; ni mirkaneessa;
- 5) Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa moodeela ta'an bu'uura ulaagaa baheetiin karaa haqa qabeessa ta'een akka filataman, gara sadarkaa itti aanutti akka ce'anii fi deeggersaalee sadarkaa guddina isaanii giddugaleessa godhate akka argatan ni taasisa; ni mirkaneessa;

- 6) Carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa magaalotaa sadarkaa isaanii ilaalcissee yaada haaraa ni burqisiisa; yammuu hayyamamu hojiirra akka oolu ni taasisa; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa; ni too'ata;
- 7) Manneen Maree sadarkaa gadii irra jiran ragaa hojii dhabeeyyii calalamani, hojii keessa jiranii fi gosa hojii isaan irratti gurmaa'anii fi fayyadamtoota wabii nyaataa adda bahe qaama ol'aanaaf akka dhiyaatu ni taasisa;
- 8) Karoorri hojii koree Istiiriingii mana marichaa adda bahee akka qophaa'uu ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa; kallattii ni kaa'a; sirreffama barbaachisu ni fudhata;
- 9) Seektaroota, qaamolee adda addaa fi abbootii qabeenyaa dhuunfaa galma gahiinsa karoora sagantichaa keessatti gahee ol'aanaa gumaachaniif qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun beekamtii akka argatan ni taasisa;
- 10) Interpiraayizoota ce'aniif deeggarsa guutuu sadarkaa guddina isaanii gituu fi barbaachisu bu'uura tarsiimoo misooma Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaan akka argatan ni taasisa; hordoffii fi deeggarsa ni taasisa;
- 11) Sirna Interpiraayizootni xixiqqaan gara guddattuu giddugaleessaattii fi dameen maanufaakchariingii ammoo gara xixiqqaatti ce'an ni diriirsa; ni hordofa; kanneen gara maanufakchariingii xixiqqaatti ce'an walitti dabarsi akka raawwatamu ni taasisa;
- 12) Fandii adda addaa Mootummaan carraa hojii uumuu fi wabii nyaataaf ramadu haala qajeelfama isaatiin raawatamu isaa ni hordofa;
- 13) Manneen Hojii Mootummaa naannichaa carraa hojii fi gabaa isaan bira jiru dhimma carraa hojii uumuu fi wabii nyaataatiif oolchuu isaanii ni hordofa; hojii kanas karoora isaanii keessatti hammachiisanii hojjachuu isaanii ni hordofa; ni too'ata; ni gamaaggama;
- 14) Muuxannoowwan gaggaarii fi teeknolojii biyyalessaa fi naannoo hojii kanaa akka qindaa'uu fi babal'atu hordoffii fi deeggarsaa ni taasisa;
- 15) Hojiin misoomaa carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa magaalotaa yammuu raawwatamu jijiirama qilleensaatiin kan hin miidhamne akka ta'u hojmaataa ni burqisiisa; kallattii ni kaa'a.
- 16) Interpiraayizoonni haaraa gurmaa'an ka'umsa irraa eegalaniii damee hojii maanufaakchariingii irratti bobba'anii fi teeknolojii haaraa kalaqan haala addaatiin ni jajjabeessa. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## **11. Sirna Walgahii Manneen Maree**

- 1) Manni Maree naannoo ji'a saditti al-tokko, manneen maree Godinaa, Magaalaa fi Aanaa ji'atti al-tokko; Manneen maree Ganda Magaalaa fi Baadiyyaa ammoo torbaan lamatti al-tokko walghahii idilee kan qabaatan ta'ee, walitti qabaan manneen maree sadarkaan jiranii akkaataa barbaachisummaa isaatti walghahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a;

- 2) Miseensota Mana Maree keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahichi guutuu ta'a;
- 3) Murteen mana marichaa sagalee caalmaatiin kan darbu ta'ee, sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii mana marichaa ta'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, manni marichaa hojimaata sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

## **12.Qaama Raawwataa Carraa Hojii Uumuu fi Wabii Nyaataa Magaalotaa**

Qaamni raawwataa carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa magaalotaa sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalaa fi Aanaa kanneen armaan gadiiti:

- 1) Ejensi;
- 2) Biirroo Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa;
- 3) Waldaa Aksiyona Liqii fi Qusannoo;
- 4) Waldaa Aksiyonaa Dhiyeessii Faayinaansii Maashiin Liizii; fi
- 5) Biirroo Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa;
- 6) Akkaataa barbaachisummaa isaatti qaamolee biroo irraa dabaluun ni danda'ama.

## **13. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Koree Istiiriingii**

- 1) Koreen Istiiringii Paakeejii Deeggarsa Carraa hojii uumuu fi wabii nyaataa magaalotaa miseensota mana maree sadarkaan jiran keessaa akkaataa walitti dhufeenza amala hojii manneen hojiitiin kan hundeeffamu ta'a. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 2) Gosoонни Koree Istiiriingii kanneen armaan gadii ta'a:
  - a) Koree Istiiriingii Carraa hojii qonnaa;
  - b) Koree Istiiriingii Carraa hojii maanufaakchariingii fi konistiraakishinii;
  - c) Koree Istiiriingii Carraa hojii tajaajilaa fi daldalaa;
  - d) Koree Istiiriingii Wabii nyaataa fi fooyya'iinsa jirenyaa magaalotaa; fi
  - e) Koree Istiiriingii sosochii ummataa.
- 3) Itti waamamni korichaa Manneen Maree sadarkaan jiraniif ta'a.

## **14.Aangoo fi Hojii Koree Istiiriingii**

Koreen Istiiriingii Aangoo fi Hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Carraa hojii fi gabaa seektaroota adda addaa keessa jiran addaan ni baasa; Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaan carraa kanatti akka fayyadaman haala ni mijessaa; deeggarssa ni kenna; karoora hojii isaa mana mareef ni dhiyeessa, yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; raawwii hojii isaa yeroo yeroon mana mareef ni dhiyeessa;
- 2) Leenjii ogummaa dhaabbilee Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa fi Wiirtuu Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa keessatti kennamu kamyuu qoranloo fedhii gabaa irratti hundaa'ee kennamu isaa ni hordofa; deegarsi barbaachisaan akka kennamu haala ni mijessaa; mana mareef ni gabaasa;

- 3) Qaawwa ogummaa Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaan qabu adda baasuun tajaajilli Ekisteenshinii industirii akka kennamu haala ni mijessa;
- 4) Hojii dhabdootni naannichaa hojii misooma Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa gosa adda addaa irratti bobba'uu barbaadan leenjii hojiin duraa akka argatan haala ni mijessa; hojii akka hin tuffanne hubannoon akka kennamu ni taasisa;
- 5) Ragaan hojii dhabdoota naannichaa sirnaan akka qabamu ni taasisa;
- 6) Calalliin hojii dhabdootaa sirnaan akka raawwatamu; gurmaa'inaa fi leenjiin Teekinikaa fi Ogummaa qulqullinaan akka kennamu, iddoon hojii fi oomishaa haala barbaadamuun akka qophaa'uu fi kennamu, liqiin barbaachisu, qusannoo fi liqqin kennames yeroon akka deebi'u haala ni mijessa; liqiin barbaachisu akka mijatu, qusannoo fi deebiin liqii yeroo barbaadamu keessatti akka raawwatamu, walitti hidhamiinsi gabaa haqa qabeessa akka ta'u, liqiin meeshaalee kaappitaalaa fi paakeejiin deegarsaa guutuu fi sadarkaa guddina interpiraayizoota giddugaleessa godhate akka dhiyaatu ni taasisa; interpiraayizootni oodiitii akka ta'an ni hordofa; ni deeggara; gabaasa ni dhiyeessa.

#### **Kutaa Sadii**

**Ulaagaa, Galmeessaa fi Gosa Hojii Interpiraayizoonni**

**Maayikiroo Fi Xixiqqaa Irratti Gurmaa'an**

#### **15. Ulaagaa Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa Keessatti Gurmaa'uuf Barbaachisu**

Namni interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa keessatti gurmaa'u ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:

- 1) Hojii dhabdootni Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaadhaan gurmaa'uu barbaadan jiraataa naannoo Oromiyaa kan ta'ee fi ragaa iddo jirenyaa yookiin ragaa haala maatii dhiyeffachuu kan danda'u;
- 2) Ganda jiraatu keessatti hojii dhabdummaan kan beekkamee fi calallii bulchiinsa Ganda fi ummataatiin hojii dhabaa ta'uun isaa mirkanaa'ee Wiirtuu Kenniinsa Tajaajila Iddoo Tokkoo keesatti galmee hojii dhabdootaa irratti kan galmaa'e;
- 3) Hojii interpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaa irratti gurmaa'ee hojjachuuf fedhii kan qabu;
- 4) Ganda jiraatutti sirna galmee fi calallii guutee galmaa'ee osoo jiruu sababa adda addaatiin teessoo isaa yoo jijiire ragaa hojii dhabdummaa bakka duraan ture irraa kennameef kan dhiyeffatu.

#### **16. Barbaachisummaa Galmaa'u Interpiraayizootaa**

- 1) Hoji dhabdooni interpiraayizii maayikiroo fi xixaqqaan gurmaa'an kamiyyuu hojii eegaluun dura kaffalaa gibiraa ta'uun bu'uura seera daldalaatiin galmaa'u fi hayyama hojii daldala baafachuu qabu;

- 2) Ejensichi ragaa fi odeeaffannoowwan Interpiraayizoota Maayikiroo fi xixiqqaa gurmaa'anii fi miseensota isaanii galmeessee ni qabata;
- 3) Qabiyyeen gal mee keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsame, maqaa, Faajjii fi ragaalee biroo Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa Ejensichaan gurmaa'an kan qabu ta'ee, Wiirtuu Kenniinsa Tajaajila Iddoo Tokkoo fi caasaalee Ejensichaa sadarkaan jiran keessattis hojiirra kan oolu ta'a.

#### **17. Haala Gurmaa'insaa**

Namoota hojii Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaan gurmaa'uuf fedha qaban dhuunfaadhaan yookiin waldaa daldalaatiin gurmaa'uu ni danda'u.

#### **18. Barbaachisummaa Waraqaa Ragaa**

Interpiraayizootni Maayikiroo fi Xixiqqaa dhuunfaadhaan yookiin waldaa daldalaatiin gurmaa'an hojii osoo hin eegalin hundeffamuu isaanii ilaalcisee waraqaan ragaa ni kennamaaf.

#### **19. Dameewwan Hojii Interpiraayizootni Maayikiroo fi Xixiqqaan Irratti Gurmaa'an**

- 1) Interpiraayizootni Maayikiroo fi xixiqqaan damee hojii armaan gadii irratti gurmaa'uu ni danda'u:
  - a) Maanufaakchariingii sadarkaa Maayikiroo;
  - b) Konistiraakshinii;
  - c) Qonna;
  - d) Daldala;
  - e) Tajaajilaa; fi
  - f) Albuuda.
- 2) Interpiraayizoonni Maayikiroo fi Xixiqqaan akkaataa keewwata kanaatiin Albuuda irratti gurmaa'an lafa qabiyyee mootummaa hojii Albuudhaatiif adda bahee qophaa'e irratti ta'a.

#### **Kutaa Afur**

**Paakeejiiwwan Deeggarsaa Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaaf Kennamu**

#### **20. Carraawwan Hojii Manneen Hojii Mootummaa**

- 1) Manneen hojii mootummaa naannichaa carraa hojii fi gabaa mana hojii isaanii keessa jiru kan daangaan kaappitaala isaanii Dambii kana keewwata 25 jalatti ibsame Interpiraazoota Maayikiroo fi Xixiqqaadhaaf kennuu qabu.
- 2) Hojin ijaarsa mootummaa naannichaa Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa damee kanarratti gurmaa'ee fi gahumsa qabuuf ni kennama. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

#### **21. Carraa Hojii Beeksisuu**

Mani hojii mootummaa naannichaa kamiyyuu carraa hojii fi gabaa Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaaf kennamuu qaban Ejensichaaf beeksisuu dirqama qaba.

## **22. Paakeejiwwan Deeggarsaa Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa**

- 1) Ejensichi qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan paakeejiwwan deeggarsaa guutuu Interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaadhaaf ni kenna;
- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin deeggarsi kennamu iddo oomishaa fi gurgurtaa, liqii, leenjii, walitti hidhamiinsa gabaa, maashiin liizii fi tajaajila oodiitii kan dabalatu ta'a. Raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## **23. Wiirtuu Kenniinsa Tajaajila Iddoo Tokkoo**

- 1) Wiirtuuun Kenniinsa Tajaajila Iddoo Tokkoo sadarkaa Gandoota Baadiyyaa fi Magaalaa keessatti ni hundeffamu.
- 2) Wiirtichi tajaajila calallii hojii dhabdootaa, galmeessuu, gurmeessuu, dhiyeessii paakeejii deeggersaa fi hordoffii Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaaf dhiyeenyatti ni kenna.
- 3) Qaamoleen raawwatootaa mootummaan naannichaa sadarkaan jiran tajaajila wiirtuu irratti kennamuuf deeggarsa barbaachisaa ni kenuu.

## **24. Haala Itti Fayyadama Lafa Albuuda Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaan Irratti Gurmaa'u**

- 1) Interpiraayiziin Maayikiroo fi Xixiqqaa Albuuda irratti gurmaa'u oomisha Albuuda ijaarsaa irratti yoo ta'e guyyaa iddoon oomishaa harka isaanii gale irraa eegalee hanga wagga tokkoo, oomisha Albuuda kabajamaa irratti yoo ta'e immoo hanga wagga lamaa qofatti kan itti fayyadaman ta'a.
- 2) Interpiraayiziin oomisha Albuudaa irratti bobba'an guyyaa oomishaa calqaban irraa eegalee galii hojicha irraa argatan akka quasatan ni taasifama.
- 3) Kennaan hayyama hojii Albuuda interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa irratti gurmaa'anii bu'uura Labsii Albuudaa Naannichaatiin ta'a.
- 4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin Interpiraayiziin hojii Albudaa irratti bobba'e lafa itti fayyadame deebisee kan misoomsu ta'a. Haalli raawwiin isaa Qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

## **25. Carraa Hojii Manneen Hojii Mootummaa Keessatti Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaaf Kennamu**

Manneen Hojii Mootummaa carraa hojii mana hojii isaanii keessatti uumamu Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaaf akkaataa armaan gadiitti kan kennan ta'a:

- 1) Konistiraakishiniif hanga qarshii 10,000,000.00 (miiliyoona kudhan), tajaajilaaf hanga qarshii 4,000,000.00 (miiliyoona afur) ta'e,
  - a) Interpiraayizoota xixiqqaa konistiraakishinii irratti gurmaa'aniif qarshii 5,000,001.00 hanga qarshii 10,000,000.00;
  - b) Interpiraayizoota maayikiroo ijaarsa fi maanufaakchariingii irratti gurmaa'aniif hanga qarshii 5,000,000.00;

- c) Interpiraayizoota xixiqqaa tajaajila irratti gurmaa'aniif qarshii 2,000,001.00 hanga 4,000,000.00;
  - d) Interpiraayizoota maayikiroo tajaajila irratti gurmaa'aniif hanga qarshii 2,000,000.00 gahutti kan kennamu ta'a.
- 2) Manneen hojii Mootummaa Naannichaa pirojektoota, hojiilee Misoomaa fi tajaajilaa karooraan raawwatan kan kaappitaalli isaa hanga qarshii keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsame Interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaadhaan akka hojjatamu taasisuuf dirqama qabu.
- 3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin interpiraayizootni maayikiroo fi xixiqqaa dursa argatanii hojii irratti kan hirmaatan dorgommii walii isaaniitiin sadarkaa guddina isaanii giddugaleessa kan godhatu ta'ee carraan dursa argachuu fi walitti hidhamiinsa gabaa hanga yeroo sadii qofaaf ta'a.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa hojii harkaa qaban osoo hin xumurre hojii biroo irratti dorgomuu hin danda'an.
- 5) Pirojetiin mootummaa ijaarsi isaa qarshii 10,000,000.00 caalu kontiraakitaraf kennamu keessaa hanga % 40 Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaaf kontiraata gar-tokkeen (sub-contract) kan kennamu ta'ee, kontiraaktarri hojii kana moo'ates tumaalee keewwata kanaa hojiirra oolchuuf dirqama qaba. Waligalteen abbaa pirojektichaa fi kontiraaktara gidduutti akkaataa keewwata kanaatiin taasifamu haala ifa ta'een ibsamuu qaba.
- 6) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 5 tiin Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaaf carraa hojii kontiraata gar-tokkeen (sub-contract) argachuuf kan gahumsa qabanii fi dorgommii darbuun isaanii Ejensichaan mirkanaa'e ta'uu qaba.
- 7) Pilaanii gamoo ramaddii A keessatti ibsaman reel-isteetii osoo hin dabalatin akkasumas, gamoo ramaddii B keessatti ibsaman keessaa manneen jireenyaa hanga abbaa darpii lamaa qofa hojjechuuf Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaadaan gurmaa'aniif ni kennamaaf.
- 8) Raawwii keewwata kana keewwata xiqqaa 7tiif waraqaa gahumsa ogummaa qabaachuun dirqama ta'ee, raawwiin isaa Qajeelfama addaa Biroon Konistiraakshinii Oromiyaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

## **26. Haala Dorgommiin Ittiin Gaggeeffamu**

Dorgommiin Interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa akkaataa armaan gadiitiin kan raawwamatamu ta'a:

- 1) Interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa naannawa hojichi itti hojjatamu keessa jiran hojii fi sadarkaa wal-fakkaataa ta'e irratti bobba'an jidduutti akkaataa beksisa bahuutiin waldorgomsiisuun ni raawwatama.

- 2) Beeksifni ijaarsaa yookiin tajaajilaa abbaa pirojeektichaatiin bahu dorgommichi Interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa qofa kan ilaallatu ta'uu ifa gochuu qaba.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, interpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa sadarkaa Aanaa, Magaalaan yookin Godina hojichi hojjatamu keessatti argaman waldorgomsisuun kan raawwatamu ta'ee, ulaagaan dorgommii fi beeksisaa iddoa ifa ta'etti maxxanfamuu qaba.
- 4) Interpiraayizii maayikiroo fi xixiqqaa hojii ijaarsaa, tajaajilaa yookiin bittaa gatii murtaa'aan raawwatamu qaba.
- 5) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti tumameen ulaagaan dorgommii teeknika irratti kan hundaa'u ta'ee, qabxiin dorgomtootaa walqixa yoo ta'e carraadhaan kan murtaa'u ta'a.
- 6) Interpiraayizootni hojiif affeeramanii fi kanneen dorgomuuf dhiyaatan dorgommii irratti hirmaachuu kan danda'an herrega isaanii bara baraan oodiitii kan taasisanii fi hojii harkaa qaban xumuruun kan ragaa raawwii hojii gaarii harkaa qaban ta'uu qabu.

## **27. Wabummaa Kabachiisa Caalbaasii**

- 1) Interpiraayizii maayikiroon dorgommii caalbaasiif hanga yeroo 3ttii fi interpiraayizii xixiqqaan yeroo 1<sup>ffaa</sup> dhiyaatu kamiyyuu wabummaa kabachiisa caalbaasii dhiyeessuuf hin dirqaman.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, Interpiraayiziin xixiqqaan yeroo 2<sup>ffaa</sup> fi 3<sup>ffaa</sup> dorgommiif dhiyaatu kabachiisa caalbaasii dhiyeeffachuuf dirqama qabu.

## **28. Akkaataa Kaffaltiin Duraa Itti Raawwatamu**

- 1) Interpirayizoota maayikiroo fi xixiqqaa hojii irratti dorgomanii moo'ataniif kaffaltiin duraa akkaataa Seera faayinaansii fi waliigaltee ijaarsatiin gatii waliigalaa keessaa % 20 dursaan ni kaffalamaaf.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffaltiin duraa raawwatamu herrega baankii addaa maqaa pirojektichaatiin banamu keessa kan taa'u ta'ee mallattoo waliinii abbaa pirojektichaa fi Interpiraayizii Maayikiroo yookiin Xixiqqaa hojicha fudhateen kan socho'u ta'a.

### **Kutaa Shan**

**Mirgaa fi Dirqama Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa**

## **29. Mirga Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa**

Interpraayizonni Maayikiroo fi xixiqqaan mirgoota armaan gadii ni qabaatu:

- 1) Akkaataa Tarsiimoo Misooma Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaatin waldaadhaan yookiin dhuunfaadhaan gurmaa'uun damee hojii filatan irratti bobba'u; fi

- 2) Hojii dhabdootni harka qalleeyyii ta'anii fi kaapitaala ka'umsaa kan hin qabne ta'uun isaanii mirkanaa'e hojii kaappitaala ka'umsaa hin barbaanne irratti dursa argatanii gurmaa'uu.

### **30. Dirqama Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa**

Interpiraayizootni Maayikiroo fi Xixiqqaa dirqamoota armaan gadii ni qabaatu:

- 1) Bu'uura seera daldalaatiin waldaan yookiin dhuunfaan gurmaa'uudhaan kaffalaa gibiraa ta'anii galmaa'uu, waraqaa ragaa gahumsaa qabaachuu, hayyama hojii daldalaa baafachuu fi bara bараan haaromsiisuu;
- 2) Guyyaa gurmaa'anii hojii jalqaban irraa eegalanii deeggarsa paakeejii kennamuufitti fayyadamuun waggaa 5 keessatti gara guddattuu giddugaleessaatti ce'uu;
- 3) Maallaqa liqiin fudhatan hojii liqeefatan qofaaf oolchuu fi yeroo waliigalteen taa'e keessatti deebisuu;
- 4) Iddoo hojiif fudhatan hojii fudhatan qofa oolchuu fi yeroon itti fayyadama isaa yammuu xumuramu akkaataa waliigalteetiin qaama dhimmi ilaaluuf deebisuu;
- 5) Hojiin hojjatanii fi tajaajilli kennan kamiyyuu qulquolina akka qabaatu gochuu;
- 6) Galmee herregaa guutuu fi sirrii ta'e qabaachuu fi herrega isaanis yeroo yeroon oodiitii taasisuu;
- 7) Hojii dhabdoota harka qalleeyyii quachuu kan hin dandeenye ta'uun isaanii mirkanaa'een alatti Interpiraayizotni maayikiroo fi xixiqqaa haaraa gurmaa'an liqii argachuudhaaf % 10, buleeyyiin immoo % 20 quachuu fi kanaafis ragaa qabatamaa dhiyeffachuu;
- 8) Sheedii fi kilaastarii kiraan kennameef waggaa 3 hanga 5 qofaaf itti fayyadamuun deebisuu. Haalli raawwii qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 9) Hojii irratti gurmaa'anii jiran irratti leenjii hojii isaanitiif barbaachisu yeroo yeroon fudhachuuf dirqama qabu; Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
- 10) Hojiin irratti gurmaa'an ogummaa kan barbaadu yoo ta'e miseensota keessaa yoo xiqaate namni tokko ogummaa sana qabaachuu qaba.
- 11) Keewwata kana keewwata xiqqaa 10 jalatti kan tumame jiraatiyyuu, hojiin irratti gurmaa'an hojii ijaarsaa yoo ta'e miseensota keessaa % 75 ogummaa hojichi barbaadu qabaachuu qabu.

### **31. Too'annoo fi Hordoffii Qulquolina Ijaarsaa fi Dhiyeessii Tajaajilaa**

- 1) Qaamni mootummaa pirojektii abbummaan hojjachiisu kamiyyuu hojii ijaarsas ta'ee dhiyeessii tajaajilaa Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaaf kennamu qulquolinaa fi sadarkaa isaa eeggatee akka raawwatamu qaama dhimmi ilaallatu waliin too'annoo fi hordoffii gochuu qaba.

- 2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin qaamni pirojekticha hojjachiisu hanqinaaleen mul'atan yoo jiraatan qaama raawwatootaa waliin ta'uun sirreessuu qaba.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, qaamni pirojeekticha hojjachiisu qaama sadaffaa bakka buufatee too'annoo fi hordoffiin akka gaggeeffamu taasisuu ni danda'a.

### **32. Interpiraayizoota Gara Damee Maanufaakchariingii Xixiqqaa fi Guddattuu Giddugaleessaatti Ce'an**

- 1) Interpiraayizoota gara damee maanufaakchariingii xixiqqaatti ce'an ilaalchisee hojimaatni walitti dabarsuu qaama dhimmi ilaalu waliin diriirfamee walitti dabarsi kan raawwatamu ta'a.
- 2) Interpiraayizootni xixiqqaan gara guddattuu giddugaleessaatti ce'an deeggarsa guutuu sadarkaa guddina isaanii gitu bu'uura tarsiimoo misooma Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaatiin akka argatan ni taasifama. Haallii raawwii keewwata kanaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Jaha**

**Tumaalee Adda Addaa**

### **33. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Qaamni kamiyyuu hojirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa barbaachisu kennuuf dirqama qaba.

### **34. Seerota Raawwatiinsa Hin qabaanne**

- 1) Dambiin Misooma Intetrpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 139/2004 Dambii kanaan haqameera.
- 2) Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan wal-faalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

### **35. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiiisuuf Ejensichi Qajeelfama baasuu ni danda'a.

### **36. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Eebla Guyyaa 20, Bara 2009 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Lammaa Magarsaa**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

Finfinnee,

**Eebla 20, Bara 2009**